Biroocherii Dhaddacha Dhageettii

Washington State
Supplemental Nutrition Program (Sagantaa Sirna Nyaata Dabalataa)
For Women, Infants, and Children (WIC, Dubartoota, Daa'immanii fi Ijoolleedhaf)

Washington WIC Program

DOH 962-105 December 2021 Oromo

Dhaddacha Dhageettii maali?

Dhaddachi dhageettii seeraati. Dhaddacha Dhageettii irratti seenaa keessan abbaa seeratti himtu. Abbaan seeraa kan Sagantaa Women, Infants, and Children (WIC, Dubartoota, Daa'immanii fi Ijoolleedhaa) irraa kan dhufuu miti. Abbaan seeraa sagantaan WIC sirriitti isin kunuunsuu isaa murteessa.

Dhaddacha dhageettii gaafachuuf sababoonni maalfaadha?

Dhaddacha dhageettii gaafachuu ni dandeessu yoo WIC:

- Sababa kamiyyuufu ta'u isin sagantichaaf ulaagaa hi guttan yoo jedhee fi isaan dogoggora ta'uu isaanii yoo yaddan.
- Sagantichaa irraa yoo isin baasee fi yoo isin kuni sirrii miti jettanii yaaddan.
- Maallaqa deebistanii sagantichaaf akka kaffaltan yoo isin gaafate.

Dhaddacha dhaagettii akkamittan gaafachuu danda'a?

Unka gaaffii dhaddacha dhageettii guuttanii ykn xalayaa barreessitanii gara teessoo kanattii ergitu:

Department of Health
Adjudicative Service Unit
P. O. Box 47879
Olympia, WA 98504-7879

Xalayicha keessatti maqaa keessan, teessoo keessan, maqaa kilinika WIC fi sababa dhaddacha dhageetti itti barbaadaniif kennuu qabdu. Maaloo yoo turjumaanni isin kan barbaachsiu ta'e nuu beeksisaa:

Dhaddacha dhageettii gaafachuuf daangaa yeroo qabaa?

Eeyyee. Guyyaa xalayaa isin WIC dhaf ulaagaa hin guttan, WIC irraa baataniirtu ykn dhaddacha dhageetti gaafachuuf maallaqa deebsitanii sagantichaaf kaffaluu akka qabdan kan jedhu erga fudhattanii irraa kaase guyyoota 60 qabdu.

B**u'aawwan nyaata WIC ammas nan argadhaa?**

Yoo yeroo WIC tif ulaagaa guttan keessa jirattanii fi guyyaa xaalayaa isin sagantaa WIC irraa baataniirtu jedhu erga fudhattanii booda guyyoota 15 keessatti dhaddacha dhageetti gaafattan bu'aawwan nyaata WIC argachuu maltu.

Yoo yeroon isin ulaagaa itti guuttan yoo dhume bu'aawwan nyaataa **hin argattan**.

Yoo guyyaa xaalayaa isin sagantaa WIC irraa baataniirtu jedhu erga fudhattanii booda guyyoota 15 keessatti dhaddacha dhageetti gaafachuu baatan bu'aawwan nyaataa hin **argattan.**

Yoon ani dhaddacha dhageettii gaafadhe mirgoonni kiyya maal faadha?

- Guyyaa gaaffiin dhaddachi dhageettii keessan itti fudhatame irraa kaasee guyyoota 21 keessatti dhageettiin gaggeeffamuu qaba.
- Beeksisni dhageettii dhageettiin gaggeeffamuu isaatin dura yoo xiqqaate guyyoota 10 dura isin qaqqabuu qaba.
- Dhageettichi dhiyeenya iddoo isin jiraattaniitti gaggeeffamuu qaba.
- Gargaarsa seeraa dabalatee namoota biroo akka isin gargaaraniif fiduu dandeessu.
- Isinii fi namoonni isin gargaaran galmeewwan sagantaan WIC dhageettii irratti dhiyeessu ilaaluu dandeessu.

Yoo ani dhaddacha dhageetti irratti argamuu dadhabe maaltu ta'a?

Yoo isin dhaaddacha dhageettii irratti argamuu hin dandeenye ta'e dursitanii abbaa seeraa dhageettii beeksisuu qabdu. Guyyaan dhageettii haaraa ni qophaa'aa.

Dhaddacha dhageettii irratti maaltu ta'a?

- Abbaan seeraa dhaddacha dhageettiii ni gaggeessa.
- Abbaan seeraa wanta isinii fi hojjettoonni WIC jettan ni dhageeffata. Abbaan seeraa isin haala wal qixa ta'een ilaalamuu keessan ni mirkaneessa.
- Gaaffilee fi odeeffannoo ammaa, ragaa baatota ykn ragaa biraa gaafachuu ni dandeessu.
- Maalif isin ykn daa'imni keessan WIC dhaf ulaagaa akka guuttan, saganticha keessa turuu danda'u akka qabdan ykn maallaqa deebistanii sagantichaaf akka kaffaluu hin qabne akka yaaddan ibsuu ni dandeessu.
- Abbaan seeraa isin WIC dhaf ulaagaa guutuu ykn saganticha keessa turuu danda'uu keessan ykn maallaqa deebistanii sagantichaaf akka kaffaluu qabdan ragaa irratti hunda'uun ni murteessa.
- Abbaan seeraa guyyaa isin dhageettidhaaf gaafattan irraa kaase guyyoota 45 keessatti murtee barreeffaman kennuu qaba. Xalayaan murtee abbaa seeraa poostadhaan isin qaqqaba. Xalayaan murtee beeksisa Irra akka deeb'iamuuf iyyaannoo jedhamu ni hammata.

Yoon ani murtee abbaa seeratiin walii galuu baadhe maaltu ta'a?

Barreessaa/Barreessituu Department of Health (DOH, Muummee Fayyaa) akka murtee irra deebi'anii ilaalan gaafachuu ni dandeessu.

Murtee irratti iyyachuuf, Irra akka deebi'amuuf Iyyannoo kan jedhu guutudhan gara Department of Health, Adjudicative Service Unit poostadhaan ergaa. Guyyaa xalayaa murtee irraa eegaltanii guyyoota 15 keessatti kana raawwachuu qabdu.

Barreessaan/Barreessituun Department of Health murticha jijjiiruuu danda'u :

- Seera irratti dogoggoroonnii yoo jiraatan.
- Dhageettichi haala gaariidhan yoo gaggeeffamuu baate.
- Abbaan seeraa kallattiiwwan ifaa yoo kennuu baate.
- Murticha ibsuuf ragaan gahaa ta'e yoo hin jiraanne.

Manni murtii murtee barreessaa/barreessituu akka irra deebi'ee ilaalu gochuuf mirga qabdu. Murteen barreessaan/barreessituun barreeffame manni murtii akkamitti irra deebi'ee akka ilaalu irratti kallattiiwwan ni hammata.

Waa'ee dhaddacha dhageettiiwanii irratti gaaffilee kamiyyuu yoo qabattan kilinika WIC naannoo keessaii ykn biiroo WIC isteetatti bilbilaa. Lakkoofsi bilbilaa biiroo Isteetaa kan bilisa ta'e 1-800-841-1410.

Adeemsonni dhaaddacha dhageettii kutaa 7CFR 246.9 Federal WIC Program Regulations (Danbiiwwan Sagantaa WIC Federaalaa) fi Washington Administrative Code (Koodii Bulchiinsa Waashingtan) 246-10 fi 246-08-520 irratti hunda'uu.

Kutaa Ittisaa fi Fayyaa Hawaasaa
Biiroo Tajaajiloota Sirna Nyaataa
Sagantaa Washington WIC

Washington WIC wal hin dabarsu.
Akka seera mirgoota siviilii Federaalaa fi danbiiwanii fi imaammatoota mirgoota sivilii U.S. Department of Agriculture (USDA, Qajeelcha Qonnaa U.S), Ejensiiwwan, waajjirawwanii fi hojjettootaa fi dhaabbileen sagantaawwan USDA keessatti hirmaataa jiran yookaan bulchaa jiran sanyii, halluu, biyya dhalootaa, saala, qaama-hir'ummaa, umurii, yookiin koomii ykn haloo sababii gocha mirgoota sivilii irratti hundaa'uun sagantaa kamiyyu keessatti yookiin raawwii USDA 'n taasifame yookiin baajateeffame keessatti looguurraa kan dhorkamanidha.

Namootni qaama-hir'ummaa qaban odeeffannoo sagantaatiif maloota waliin dudubbannaa filannoowwan kanneen biroo (fakkeenyaaf, Sirna-barreessuu qaro-dhabeeyyii, maxxansa guguddaa, waraabduu sagalee, Afaan Mallattoo Ameerikaa, fi kan kana fakkaatan) kanneen isaan barbaachisan, Ejensicha qunnamuu qabu (kan Mootummaa-naannoo yookiin gandaa) kunis iddoo itti faayidaawwaniif iyyatanitti. Namoonni afaaniin hindubbannee fi gurraan hin dhageenye ykn afaaniin dubbachuu rakkatan, karaa Tajaajila Dabarsu Federaalaatiin (800) 877-8339 irratti USDA quunnamu ni danda'u. Dabalataanis, odeeffannoon sagantichaa ilaalatu afaan Ingiliiffaatiin alas afaan biraatiin ni keennama.

Iyyaata sagantaa loogii galmeessuu Unka Iyyata Loogii Sagantaa USDA(Ingliffa qofaan), (AD-3027) sarara irraatti argamu guutaa: Iyyata akkamitti banuun akka danda'amu(Ingliffa qofaan), fi biiroo USDA kamiiyyuu irratti yookiin xalayaa USDA ttif ergamuu fi odeeffannoo unka keessatti gaafataman hunda dhiyeessaa. Garagarcha guca iyyannoo gaaffachuuf lakk (866) 632-9992 irratti bilbili. Uunkaa ykn xalayaa iyyannoo kee USDA dhaaf karaa armaan gadiitiin galchuu qabda:

Ergaa: U.S. Department of Agriculture
Office of the Assistant Secretary for Civil Rights
1400 Independence Avenue, SW
Washington, D.C. 20250-9410;

Imeelii: program.intake@usda.gov

Faaksii: (202) 690-7442

Dhaabbanni kun carraa wal qixa ta'e kan kennuu dha.
Washington WIC wal hin dabarsu.

Galmee kana dhangii biraatin gaafachuu yoo barbaaddan, gara 1-800-841-1410 tti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn WIC@doh.wa.gov irratti Imeelii godhaa.

PUBLIC HEALTH
ALWAYS WORKING FOR A SAFER AND HEALTHIER WASHINGTON

DOH 962-105 December 2021 Oromo